College Bound
SAINT PAUL

*Pathways for Every Child, Family and Future.*




# Egeree mucaa keessaniitiif qusachuu!

## CollegeBound isin gargaaruuf kunootti

Magaalaan Saint Paul milkaa'ina mucaa keessanii irratti hojjechuuf murteefataa dha. Tokkoon tokkoon daa'imma Saint Paul keessa jiraatanii fi kanneen gaafa Amajjii 1,2020 ykn isa booda dhalatan, akkaawontii qusannoo kolleejii kan fudhatan ta'a. Mucaan keessan Akkaawontii Qusannoo Kolleejjii kan Magaalattii akka qaama sagantaa Kolleeji Baawondii Saint Paulitti fudhachuu danda'a.

**Daa'imni keessan mirga guutuu kan itti qabaatu:**

- Akkaawontii qusannoo kolleejii kan qusannoo $50 ta'e qabaachuu
- Qusannoon isaanii akka guddatuuf, kaffaltii dabalataa argachuu
- Faayidaa yeroo ijoollummaa
- Maatii guutummaaf carraa maallaqa argamsiisuu danda'u

**Daa'ima keessan galmeessisuun salphaa dha!**
Mucaa keessan karaa sarara kompuuteraa (online) galmeessisuu:
**www.collegeboundstp.com/enrollment**

## Kana beektaniittuu?

Maatiin ijoollee warri lakkoofsa akkauntii qusannaa Kolleejjii Doolara 1 - 500 gidduu qaban kan galii gad-aanaa hanga giddu-galeessaatti qaban:

- **3x** Kolleejjiitti galmaa'uu danda'u
- **4x** eebbifamuuf carraan isaan qaban olaanaa dha

# CollegeBound
## SAINT PAUL

***Daandii milkaa'inaa; Ijoollotaaf, Maatiif, akkasumas Kan fuula duraa***



CollegeBound Saint Paul kan inni qophaa'e hawaasa gargaaruuf yaadamee ti. Daa'imman hundinuu sadarkaa olaanaa booda barnoota isaanii guddifachuuf carraa argachuu ni barbaadu. CollegeBoundiin Saint Paul kun maatiin barnootaa fi egeree ijoollee isaaniitiif gumaacha akka taasisaniif bu'uura gaarii ta'a.



Daa'ima keessaniif amma irraa jalqabee kuusuu eegaluun keessan, yeroo isaan barumsa kolleejiitiif ga'oo ta'anitti adda addummaa guddaa qabaachuu danda'a. Akkaawontiin qusannoo kolleejii kun egeree isaaniitiif maatiin waan gumaachuu fedhan akka kuusaniif, akkasumas walitti dhufeenya cimaa ta'e kan ijoolleen ofii isaanii fi milkaa'ina mana barumsaatti qaban gidduu jiru guddisuuf gargaara. Sagantaan akkaawontii qusannoo kolleejii, kan akka CollegeBound Saint Paul kun hawaasummaa fi fayyummaa yaadaa kan maatii fi kan ijoollee fooyyesuufis ni gargaara.

## Gaaffiilee Yeroo Hedduu Gaafataman

**Akkaawontiin qusannoo kolleejii maalii?**
Akkaawontii Qusannoo Kolleejii (AQK) - akkaawontii qusannoo kan yeroo dheeraa kan maatiin barnootaaf ykn leenjii sadarkaa olaanaatiif kaffaltiidhaaf itti fayyadamanii dha.

**Akkaawontii kana fudhachuuf eenyutu mirga guutuu qaba?**
Daa'imman gaafa Amajjii 1, 2020 ykn isa booda dhalatanii fi kanneen Seeyint Poul keessa jiraatan hunda.

**Akkaawontiin kun kan inni gargaaruuf, yeroo turtii waggoota afurii kan kolleejii fi yuunivarsitii qofaadha?**
Lakkii, fandiin kun carraa barnootaa, kan of keessatti haammatu yoo ta'u, garuu sagantaa kan barnoota kolleejjii fi yuunivarsitii, akkasumas kan ogummaa ykn leenjii hojii humnaa kan turtii waggaa lamaa fi afuriitiif kan gargaaruu dha.

**Akkamitti daa'ima kiyyaa guddachuu danda'aa?**
Akkaawontii kan daa'ima keessanii irratti qusachuu dandeessu. Akkaawontiin daa'ima keessanii kaffaltii dabalataa(bonus) fi dhala (interest) isaa dabalatee guddachuuf carraa kan biroo hedduus qaba.

**Akkamiinan akkaawontii daa'ima kiyyaatti mallaqa dhangalaasuu danda'aa?**
Dame Baankii Bremer isa kamitti iyyuu dhuunfaadhaan, qusannoo kallattii taasisuudhaan, ykn karaa dabarsa kompuuteraa (online transfer) akkaawontii keessan irraa dhangalaasuun ni danda'ama. Odeeffannoon dabalataa waraqaa baga nagaan dhuftanii (welcome pocket) isa mucaa keessan erga galmeesitaniin booda isiniif kenname irraatti argama.

**Sagantaan akkanaa kan argamu bakki biraan jiraa?**
Eeyye, sagantaan Akkaawontii Qusannoo Kolleejii (AQK) guutummaa biyyichaa keessatti mul'achaa jiru. Sagantaa wal fakkaataan: San Francisco, St. Louis, fi Indiana keessatti arguu dandeessu. Faayidaa AQK kan ijoollee fi kan maatii ilaalchisee qorannoo hedduunis taasifamee jira.

## Amma illee Gaaffii qabduu?

Odeeffannoo dabalataa argachuuf:

- **CollegeBoundstp.com**
- **collegebound@ci.stpaul.mn.us**
- **651-266-8829**
- **@collegeboundstp**

SAINT PAUL

